Oromo

# Beesissa Warra Ilmaaniti fi Mirgga Baratootaa Damee 504 (Korbboo 504-1)

Seerichi heegumssa fayyaa ka bara 1973(“Seericha”) - The Rehabilitation Act of 1973) ,yeroo hedduu ka Damee 504 beekammu , heera nama hin cunqursisse ka Kongarasni Ameerikaa beesse. Seerri wanni bayeef baratoota qaamaa ir’uu akka hin cunqurfameeti fi akka barmoota walqixaa cunqurssaan maletti argataniif.

Kun beesissa mirgga keetii ka Damee 504 jalatti. Barreefamnni kun mirgga mijjaa warra qaamaa ir’uu ka (Disabilities Education Act (“IDEA”)) hin laallu, sun ka laallu barattoota damee gargaarsa barnoota addaatif ( Special Education Service) ga’aa ta’an kan ilaaluudha. Waldayni Supar’intendant Barmoota Umattaa(The Office of the Superintendent of Public Instruction's (“OSPI”)) *Beeysifnni Special Education Procedural* Safeguards jedhammu baratoota fi warra ilmaanitif mana barmootaa hundda keesatti argamma Damee Barmootaa Speshaal jedhamutti, mirgga san ka sabachiissu seera IDEA jedhu. Sababaan beeysissa kana mirgga Damee 504 murteesse, baratoota warra qaama ir’uu ka dhaabattaa ykn ka surrii ka waan kanaa jecha akka fedhanitti ka soso’uu hin dandeennef ka ammas IDEA argachuu hin dandeennef ibssa; seera fi heerri
Federaalaa mirggoota warra ilmaaniti fi baratootaa kennu asii gaditti tarreefamma:

1. Akka damee 504 jalatti caqasametti, manneen barnoota aanaa Siyaatil (“Aanicha”) irraa odeffannoo argachuuf mirga qaba. (Sababni beeksissa kanaa mirgoota sana ibssuuf).
2. Ati mrigga qabda joollen tee qooda irraa fudhatuuf fi irraa milkaayus saganttaa Mana Barmootaa cunqurssaa waan qaama ir’uu tayeef maletti.
3. Ati mirgga qabdda ibssa argachuuf osoo Manni Barmootaa tarkkaafi tokko hin fudhatin, akkaattaa joollee te itti qoratan, waan taye hubattani fi ramadan dura.
4. Joollen tee mirgga qaban qormaata argachuuf osoo Damee 504 jala hin seenin, akkasumas waan eegasii jijjiirameefis ramaddii keesatti mirgga qabda. Qormaata kana diduuf qormaata jalqabuu fi ramaddii jalqabuu keessatti mirgga qabdda.
5. Ati mirgga qabdda ilmmi kee barmoota tolaa ykn bilaashaa ka qajjeelaa argachuuf waan Afaan Ingliizitiin jedhamu ( free appropriate public education (“FAPE”)). Mirggi kun waan uf keessaa qabu, ilmmi kee barattoota qaama ir’uu hin tayiiin wajjiin barachuu haga darajaa dhumaatti. Mirggi kun ammaas waan uf keessaa qabu Manni Barmootaa, tajaajila barbaachisaa taye ka ilmma keetis akka walqixxummaan hiree argattee baratu, waan manni barmootaa godhu qooda irraa qooda fudhatu, waan barmootaa tayee, tajaajila kanaan wal’fakkaatu tayee, waan hunddaa tola maalaqaan malee argachuu qaba. Maalaqni yoo jiraates waan joollen qaama guutuu baaftu malee waan biraatimmi.
6. Joolleen tee mirgga qabddi tajaajila fi bakka tajaajila kana itti argattu ka bakka baratoota qaama guututi qophaaye keesatti.
7. Mirgga qabdda qormaatta, barmoota fi murttii ramaddii qabaachuf, waan kun irratti murtaaye informeeshina garagaraa ka madda garagaraatirraa madde, fakkiif mur’nna joollee tii beekkani fi qormaata joollee teetii beekan yookan filmaata ramaddii joollee teetii beekkan.

8. Mirgga qabdda joolleen tee mirgga walqixxummaa argachuuf, joolleen tee waan barmootaa malee jirurraa qooda fudhachuuf yoo filmaata biraa ka Manni Barmootaa kennu jiraate.
9. Mirgga qabdda galmmee barmootaa ka joollee keeti laalu fi garagalchaa isaa qabaachuf. Akkasumas mirgga qabdda yoo waan fakkaatu gaafatte deebisaa fi ibsa gayaa argachuuf wayee galmee baarmootaa joollee teeti.
10. Mirggaa qabdda Mana Barmootaa gaafchuuf, galmmee barmootaa ka ilmma keetii wayyeessuf yoo qajeelammi jettee ka yaaddu taate ykn yoo mirggi icittii keetii miidhame jettee ka yaadu taates. Yoo Manni Barmootaa gaafii keetif deebissaa diddan, mirgga qabdda , jara falmuuf seera jedhamu ( the Family Educational Rights and Privacy Act (“FERPA”)) jalatti.
11. Ati Mirgga qabdda iyyannoo  gaafachuuf tarkkaafi Manni Barmootaa fudhatanirraatti waayee eennummaa, qormaata fi hiree ramaddii irratti, iyyannoo irratti argamuuf , afakootton bakka sirraa bu’ee.
12. Yoo tarkkaafi Mana Barmootaa mormmuu feette wayee eenummaa, qormaatta fi ramaddii joollee teeti mormuuu feete, guuca gaafii iyyannoo 504-7 fayyadamuun barrefamaan iyyaticha  Carloe Rusimovic, Damee 504 ( Carole Rusimovic, Section 504 Program Coordinator, MS 32-151, P.O. Box 34165, Seattle, Washington 98124-1165) dhiyeeffachuun ni danda’ama.  Yoo balamnni iyyannoo godhamme guyyaa, saa’aa fi bakki iyyannoo si beeysisamma.
13. Yoo murtilleen sii hin tayin gaafa iyannoo san , manni seeraa murtii san irraa deebi’ee akka sii laalu gaafachuuf mirga qabdda. Yoo karaa mirgga haawaasatin Manna Barmootaa gaafachuu feete, manni seeraa karaa laafaa maalaqa afokattoo akka baafttu sii godhan.
14. Ati mirgga ni qabdda iyyannoo mor’mmaa galfachuuf gama ykn iyyannoo gama the U.S. Department of Education's Office for Civil Rights  ykn gama koortii federaala. Teesson waldayya naa nayya Siyaatil kunoo asii gadi jira:

    U.S. Department of Education
    Office of Civil Rights
    915 Second Avenue, Room 3310
    Seattle, Washington  98174-1099
    Phone:  (206) 607-1600
    Website:  www.ed.gov/OCR
    Email Address:  OCR.seattle@ed.gov